Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 9ffaa

SEERA KEESSADEEBII

MATA DUREE: **kuufaatii kaleessaa fi moo'icha borii**

SEENSA: Kutaa kana keessatti Museen waanta jarri lafa onaatti waaqayyoon gaddisiifuu hojjetn bakka isaa isaan yaadachiisaa, akkamiin Waaqayyo kadhannaa Mussee dhaga'ee badiisa irraa isaan oolchee isaaitti himaa borimmoo biyya kakuu yeroo seenan akka humna keenyaan arganne jedhanii utuu hin yaadin waaqaoof gad jedhanii akka jiraatan isaan yaadachiisuu barbaade.

BOQONNAA 9:1-29 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Diinota Israa'el warra laga Yordaanos gaama jiranii fi saba Israa'eel gidduu garaa garummaan jiru maal?
   A, Warri biyya kanaa'aan keessa jiran saba jaboo fi magaalaa gurguddaa qabu
   B, Sabni israa'eel saba Waaqayyoo fi Saba abdii baatanii deeman dha
   C, Warra gama yordaanos keesa jiran Sabni isaraa'eeliin humnaa ni caalu
   D, Hundu dhugaa
2. Tulluu Horeb, Tabeeraa, Maasaa, Qibrot Hatawaa, Qaadesh barnee maal nu yaadachiisu? (Seera Lakkofsa 11, Seera Ba'uu 17:7 fi Boqonnaa 32)
   A. Bakka Isar'elonni itti Waaqayyoon waaqa isaanii gaddisiisan
   B. Biyyaa waaqayyo abboota isaaniif kakate ta'uu isaa
   C. Bakka gaafa dadhaban dahaqanii itti bashannanaa turan
   D. Hunduu ni ta'a
3. Muuseen aaree gabatee dhagaa sana maaliif caabse? A/ Israa'eloonnni kakuu Waaqayyoo wajjin qaban waan cabsaniif, B/ Baachuun isaa itti ulfaatee, C/ Kan biraa hojjechuuf jedhee,
4. Gabatoota Dhaagaa sana irratti kan barreesse eenyu dha A/Musee, B/ Waaqayyo, C/ Iyyaasuu
5. Warri Biyya kana'aan keessa jiraachaa turan kan Waaqayyoo achii baasuu barbaadeef, A/, Sababa cubbuun isaanii baay'ateef , B/ Waaqayyo biyya sana waan Abrihami Yisaqii fi Yaaqoobiif kakatee tureef, C/ sabni jajjaboon fi qulqulluun (Israa'eelonni)itti dhufaa waan jiruuf, D/ A fi B
6. Diinota isaanii kana, jaratu balleessamoo Waaqayyotu balleessa? yoo sii galuu dide Kessa Deebii 33:27 dhaqii ilaali) A, Israa'elotuma, B, Waaqayyo dha, C, jarris Waaqayyoos ga'ee qabu.
7. Saba cubbuun isaa akkas baay'ate saba Israa'eeliif maaltu godhame A/ Biyy annaniif damma yaasuutti galuuf abdii kenname B/ Waaqayyu dura isaanii goree geggeesse, C/ Waan gaarii hundumaa D/ Hundumtuu deebii dha.
8. Of-tuulummaan hojii duwwaa miti garaattis ni yaadama. A/ Dhugaa B/ Soba
9. Israa'elotaan amala akkamiitiin beekamu ? A/ Saba Boqu Jabeessa, B/ Saba yeroo hundumaa Waaqayyoon amanu fi sodaatu, C/ Saba Waaqayyos Museenis itti gammade wajjin jiraachaa ture.
10. Museen gaara irra waaqayyoo wajjin yeroo ture, namtichi tokko immoo waaqa tolfama bifa jabbiitiin tolchee waaqayyoon dhekkamsiise. Namni kun, A/ Akaan, B, Aaron, C Fari'oon
11. Museen maaliif waaqa tolfama bifa jabbii warqee irraa hojjetme ibiddaan gubee caccabsee amma inni haawaara ta'utti daake, awwaara isaa bishaan tulluu jalaa yaa'utti gad naqe, maaliif sitti fakkaata?
    A/ waaqi tolfamaan waan gatii hin baafne ta'uu isaa akka baraniif
    B/ Waanta akkasii akka deebisanii lammaffaa hin hojjennef,
    C/ Boris biyya kakuu sanatti yeroo galan akka deebisanii hin hojjenneef.
    D/ Hundumtaa deebii ta'uu danda'a

Gaaffii addaa:

12. Hafuurri Qulqulluun inni akka ati kutaa kana dubbistu si gargaare har'a maal si barsiise? Kutaa kana keessa waanti gaaffii sitti ta'e yoo jiraate na gaafadhu.